KUTAA TOKKO

YAAD-RIMEE, SEENAAFI SEEROTA BU`UURAA BARNOOTA AAD-HEDDEE

1.1. Yaada-Rimeewwan Barnoota Aad-Heddee

Barnoonni aad-heddee yoo xiqqaate yaad-remeewwan sadi of keessaa qaba. Isaaniis:

1. Yaada (an idea),
2. Sochii fayya'insa barnootaa (An Educational Reform Movement)fi
3. Adeemsa (a process).

A. Akka yaadaatti:-

Barnonni aad-heddee kan barattoonni kamiyyuu, osoo koorniyaa, gosa, hawaasa, qoomoo, sanyii fi aadaadhaan osoo addaan wal hinqoodiin mana barumsaa keessatti carraa barnootaa wal qixa ta'e ergachuu qabu yaada jedhu of keessatti hammatee jira. Kun immoo barattoota garee muraasaaf carraa gaarii uumee akka isaan duraan turan irra mana barumsaa garee adda addaa of keessaa qabu ykn aadaa garaagaraa qabu keessatti akka baratan taasisa.

Seeronni dhaabbilee mana barumsaa muraasni, barattoota muraasaaf carraa barnoota wal qixaa kana yeroo itti faalleessu ni mul'ata. Innis sababa adda addaatiif ta'uu mala. Fakkeenyaaf, mana barumsaa sadarkaa gadaanaa keessatti barattoonni shamarranii fi dhiiraa barnoota walqixa ta'e argatu. Haata'u malee, firii madaallii barnoota argatan sanaa yoo ilaallu, kan barattoota shamarranii hanga dhiirotaa hin gahu. Hirmaannaan barattoota shamarranii daree keessatti kan dhiirootaan gadi. Yeroo baay'ee barsiisaatu akka isaan hirmaatan taasisa. Akkasumas, barattoonni shamarranii daree barnootaa keessatti callisoodha (hin dubbatan). Kanaaf dandeettii barnoota isaanii addaan baasanii beekuun kan dhiirootaa caalaa nama rakkisa.

Haaluma wal fakkaatuun, barattoonni adduummaa qaban, fakkeenyaaf, hir'ina sammuu ykn qaamaa, barattoota keennaa fi dandeettii addaa qaban mana baruumsaa keessatti carraa barnootaa walqixaa argachuun rakkisaadha. Rakkina kana furuuf immoo

barsiisaaniis ta'e qaamni baratee jiru biroon galma ga'umsa carraa barnoota isaanii kana muuxannoofi tooftaalee adda addaatiin guddisuun barbaachisaadha.

B. Akka Sochii Foyya'insa Barnootaatti:

Barnoonni aad-heddee sochii foyya'insa barnootaa ta'ee, jijjiirama guddaa mana barumsaa fi dhaabbilee barnootaa kambiroo keessatti akka fiduuf kan yaadamedha. Kanaafuu baraattoonni garee hawaasaa, koorniyaa, gosa, Afaan, qoomoo fi aadaa garaa garaa keessaa dhufan barnootaaf carraa wal qixa ta'e akka qabaatan taasisa. Jijjiiramni kun immoo sirna barnootaa irratti qofa kan dangahu miti. Jijjiirama guutummaa mana barumsaa yookaan naannoo barnootaa hunda of keessatti hammata. Dhiibbaawwan mana barumsaa, barnoonni aad-heddee jijjiiruuf yaadu hedduuudha. Fakkeenyaaf, mala baruuf barsiisuu, Aadaa mana barumsaa, sirna barnootaa, meeshaalee barnootaa, tooftaalee madaallii, hirmaanaa hawaasaa, tajaajila gorsaafi k.k.f ilaalchaasee hirmaannaa miseensota mana barumsaa (keessattuu barsiisota Afaanii fi loqodaalee mana barumsaa fi k.k.f) irratti bu'ureeffata.

Haata'u Malee, namni hundi, sochiin barnoota waqixaa kun akkuma bilisummaa fi haqaa, akka argamuun dandaa'amuuf hojjeta. Garuu gutuummaan guutuutti argachuun hin danda'amu. Sababni isaa hanga fedhellee rakkoo kana hanbisuuf carraaqqiin godhamus gama koorniiyaa, goosummaa fi hir'ina qaamaan rakkoolee mul'ataan hir'isuu malee dhabamsiisuun waan ulfaataa waan ta'eefi. Ni xiqqaata malee garaagaruummaan yoomiiyyuu ni mul'ata.

C. Akka Adeemsaatti

Barnoonni aad-heeddee adeemsa itti fufaa galmi isaa barnoota walqixaa fi bu'aa gama hubannaa barnootaatiin argamuu qabu foyyeessuu irratti xiyyeeffatudha. Kun immoo guutuummaan guutuutti dhugoomuu dhiisuu danda'a. Sababni isaa yaadonni ilmaan namaa bira gahuuf dhama'an garuu bira gahuun hin dandaa'amne baay'een waan jiraniifi.

Fakkeenyaaf, yommuu tas-jibbinsifi hacuuccaan garee tokkorraa hir'atu, bifa haaraatiin waan haaraa kaasu ykn garee birootiif ka'u. Yommuu gareen addaan qoodamufi sadarkeffamu immoo qoodinsatu uumama. Yoommuu qoodinsi uumamu immoo kanneen garee tokko tokko keessatti argaman warra garee isaanii keessatti argamaniif loogu, kanneen garee isaanii hin ta'in immoo ni loogu(ni qoodu). Adeemsi kun hundi kan uumamu osoo gareewwan kana giddutti garaagarummaan tokkollee hin jiraatini. Fakkeenyaaf, garaagarummaa bifaa, qaamaa fi k.k.f osoo hin qabaatiin mul'achuu danda'a. Kanaafuu barnoonni aad-heddee adeemsa itti fufaadha.

Lafaa ka'anii yeroo gabaabaa keessatti akka hojii biroo kan xumuranii miti. Adeemsa itti fufaa kanaanis rakkolee kana furuu fi bu'aa gama barnootaatiin argamuu qabu foyyeessuun kayyoo isaa guddaadha.

Haaluma wal fakkaatuun barnoonni aad-heddee adeemsa foyya'insa mana barumsaa fi barattoota hundaaf barnoota bu'uura ta'edha. Gosummaa fi qodinsa karaaree garaagaraatiin dhufan (gosaa, afaan, amantii, qabeenyaa, koorniyaa fi k.k.f) dhabamsiisee, danummaan akka cimu jajjabeessa. Barnoonni aad-heddee walitti dhufeenya (hariiroo) sirna barnootaa, tarsiimoo (strategy) mana barumsaa, barsiisaa, barattoota fi maatii barattootaa, akkasumas haala baruufi barsiisuu gidduu jiru ni cimsa. Sababni isaa barnoonni aad-heddee baruuf barsiisu keessatti haala gabbisa barnootaa mijaawaa ta'etti fayyadamuu akka falaasamaatti fudhatee waan ka'eefi. Akkasumas, beekumsa, calaqqeefi gocha jijjiirama hawaasaatiif bu'uura ta'an irratti xiyyeeffata. Ibsi armaan olii amaloota barnoota aad-heddee armaan gadii kana of keessatti hammatee jira.

- Barnoonni aad-heddee barnoota gosummaa(sanyummaa) bu'ureffatu miti.
- Barnoonni aad-heddee barnoota bu'uura ta'edha
- Barnoonni aad-heddee barnoota babal'achuu qabudha
- Barnoonni aad-heddee barnoota hawaasa hundaaf walqixummaa qabudha
- Barnoonni aad-heddee malaaf qajeelfama baruuf barsiisuu isa murteessaati.
- Barnoonni aad-heddee foyya'insa barnootaati.

Walumaa galatti barnoonni aadaa danuu yaada, sochii foyya'insa barnootaafi adeemsa ta'ee galmi isaa inni guddaan caasaa dhaabbilee barnootaa jijjiiruudha. Kanaafuu, barattoonni shamarranii fi dhiiraa, barattoonni addummaa qabaniifi barattoota gosa, sanyii, qoomoo, afaan fi aadaa garaagaraa keessaa dhufaniif mana barumsaa keessatti carraa barnootaa walqixa ta'e akka argatan taasisa.

1.2. Seenaa Barnoota Aad-heddee

Bara 1960 oota sochiin mirga gurraachaa waa'ee aadaa, seenaa, afaanii fi k.k.f. falmachuu itti fufan. Mana barumsaa keessatti mala baruuf barsiisuu gaafatan. Kana malees, bara 1960 oota fi 1970 oota keessa waa'een walqixxummaa dhimma dubartootaa eegalame. Kunis karaa; siyaasaa, qabeenyaa fi barnootaatiini. Haaluma wal fakkaatuun bara 1970 oota keessa qabsoon jalqabe warra qaama hir'uuf dhaabbilee barnootaa

keessatti akka kunuunsi kennamuuf taasifame. Sochiilee kanneenii fi kambiroo armaan gaditti dhiyaatan dubbisi.

Kan adunyaa keenya boca qabsiise Afaani. Kana jechuun afaaniin adunyaa keessa jirru kana hubanna jechuudha. Sababni piroojeektoota dhimma fi rakkoo sabummaa, gosummaa, sanyii (race), afaan, wal qixxummaa saalaa (gender equality) fi koolu galtoota irratti dalagan ibsuuf jecha barnoota walitti dhufeenya aadoolee fi barnoota aad-heddee (intercultural and multicultural education) fayyadamna jechuun gumii walitti dhufeenya aadaalee irratti mariin taasifamee ture.

Akka qaama hayyoota (beektota) barnootaa, barsiisotaa fi ummata adda dureen dhimma kana deggeran (activists) yeroo nuti falmii kanaan qabamnee jirru, ummanni addunyaa guutuu immoo barnoota dhimma olitti tuqaman kan akka barnoota rakkoo mirga dhala namaaf haqa hawaasaa, gosummaa fi kanneen biroo irratti xiyyeeffatan baay'ee fedhaa jira. Falmiin (debate) kun bu'aa karaa namatti agarsiisuu fi dimokiraasii fi beekumsa hayyootaa (beektotaaf) gumaacha qabaatu ni amana. Akkasumas ajaa'ibsiisaadha. Kana malees, beektonni yookaan hayyoonni barumsaa dhimma Walqixxumma, haqa hawaasaa mirga dhala namaa irratti kan xiyyeeffatu yoo ta'e, waldaan Barnoota Walitti dhafeenya aadaalee Addunyaa (IAIE) Kaayyoon isaa ni milkaa'a.

Haala kanaan yoo yaada Waldaa Barnoota walitti dhufeenya aadaalee Adunyaa adeemsisutti amannee yoo fudhanne Yaad-rimeewwan barnootaa hedduu rakkoolee garaagarummaa fi Walqixxumma salphisuuf gargaaran yoo fayyadamne dansaadha.

Bara 1984 eegalee Waldaan kun beektota dhimma barnootaa keessatti Waa'ee garaagarummaa fi Waqixxummaarrattii feedhii qaban walitti fideera. Kunis ballinaan Kan hiikamee fi dhimma akka barnoota Walitti dhufeenya aadaalee, barnoota aad-heddee barnoota sanyiin wal jibbuu faallessu, barnoota mirga dhala namaa, Waldhabdee hiikuu, afaan hedduu beekuu yookaan qabacluu fi kanneen kana fakkaatan of keessatti qabaata. Kanaafuu, falmii gumiin kun afaan irratti godhe sirna barnotam mootumoota walta'aan dhimmoota haqa hawaasaa fi mirga dhala namaa hiikuuf hojiirra oolan akka ifa godhuf gargaare. Yeroo ammaa kana namoonni heedduun biyya Ameerikaa keessatti bernoota kanaan barnoota aad-heddee jechuun waamu ykn beeku.

Seenaa guddina barnoota aad-heddee sakatta'uufi qorachuuf karaan bu'aa qabeessi (effective) haala raawwii fi gochaa walirraa utuu him citiin walqabatanii dhufaniin ilaaluudha, fakkeenyaa tarkaanfilee akka sochii

Murtii mana murtii heeraa fi seera labsaman, barruulee maxxanfaman, aangoo heera seerota fi qajeelfamoota kan haqa hawwaasaa eeyyummaa, sanyummaan wal qooduu, kutaa hawaasaan walqooduu, oftuulummaa amantiirratti hundaa'eef dhiiraa fi dhalaa mirga dhabsiisuu gargaaran of keessatti kan hammatedha.

Biyya Ameerikaaa keessatti barnootni aad-heddee rakkoolee haqa hawaasummaa fi walqixxummaa dhala namaa jallisuu fi dabsuu kanneen akka gitaan waltuffachuu, dhiira fi dhalaan gargar qoodanii mirga dhorkachuu fi akka gadaanaatti nama ilaaluu, fuula haqaa duratti, bulchiinsa, tajaajila hawwaasaa, barnoota, manneen jireenyaa ummataa keessatti, akkasumas mirga socho'uu fi biyya ofii keessatti mirga bakka fedhan jiraachuu fi baqattoota, kooluu galtoota fi gosa galtoota biyya ormaa dhufan ilaalchisee haala adda addaan keessumsiisuu hidda dhaalootaas bu'uureffachuum mirga walqixxummaa sarbuu, dhorkuu, keessa haquu mormuu fi tarkaanfii fudhachuuf nama gargaara jedhamee ilaaluun ni dandaa'ama.

Seenaa fi guddinni gocha walirraa hin cinnee wealitti dhiyaatu kun kan jijjiiramaa dhufe fi amaloota nama hunda hin gammachiifne qabatee bara Ameerikaan waanjoo garbummaa keessa turtee kaasee hanga har'aatti kan jirachaa dhufeedha.

Hojii yookaan gochaan waliirraa hin cinne walitti hidhata qabu kun kan karaa barnootni aad-heddee goddachaa dhufee kun gumaachi sooressootaa fi qaama biroo akka keessa jiru ragaalee seenaa tokko tokko ni ibsu. Waa'ee sochii (adeemsa) fi dhimmoota barnoota aad-heddee akka umamuuf taasufaman keessatti gahee taphataniiru. Akkasumas, gaazexeessitoonni, maxxansitoonni garaagaraa waa'ee barnoota aad-heddee maxxansani; waldaaleebarnootaa fi dhaaabbilee angafummaan waa'ee barbaachisummaa barnoota aad-heddee faarsanidha. Namoonni dhuunfaa fi garee kan sochii barbaachisummaa barnoota aad-heddee deggeranii fi akka hojii irra ooluuf dalagan fi barbaadan kaayyoo tokko qabu. Kaayyoon kunis sirna barnoota walqixxummaa fi bu'aa qabeessa kan barattoota sabaa fi aadaalee hedduu yookaan garaa garummaa qaban fayyaduu danda'uu fi ummata dimokiraatawaa ta'ee, walqixxummaa guddaa qabu, birmadummaa fi haqa jiru fi jireenya isaa cufa keessatti qabuuf barbaachisaa akka ta'edha.

Barnootni aad-heddee battala tokkotti jalqabee (dhalete) jechuun hin dandaa'amu.Seenaan jalqaba barnoota kanaa biyyaa Ameerikaa fi biyyoota biraa keessa faca'ee jira. Fakkeenyaaf, barnoonni aad-heddee kan jalqabe yeroo Afrikaanoonni Ameerikaa keessa jiraatan seenaa isaanii kan Afrikaa fi Ameerikaa keessaa of ibsuu jalqabanidha. Akkasumas, akkaamiin qoodi isaanii fi hirmaannaan isaan seenaa keessaa qabanii fi eenyummaan sabummaa isaanii haala isaan ittiin ummata Ameerikaa keessatti hubatamanii fi ilaalaman murteesse. Kana malees, barnootni aad-heddee kan jalqabe yeroo miseesonni yookaan lammiileen dhalootaan Ameerikaa akkamiin akka ofirraa faccisaa jiraatan (badiirraa hafan) fi warra koloneeffatoota aadii fi gosa dhalootaan Ameerikaa ta'an dabalatee of barsiisuu jalqabaniidha.

Dabalataanis barnootni aad-heddee kan eegalee yeroo Ameerikaanonni hidda dhaloota Eeshiyaa, keessattu Chaayinaa firoota isaanii biyya jiran waliin walquunnamuun akkamiin lammiilee Ameerikaa warra adii, kanneen biroo wliin dorgomanii fi walgitanii jiraachuun dandaa'an mari'achuu fi gorsa fudhachuu jalqabaiidha.Haala walfakaatuun barnootni aad-heddee warra sanyii Meeksiikoo, kibba Ameerikaa yeroo isaan hojii adda addaaf sababa hojiin daangaa irraan lammilee Ameerikaa, Afrikaanota Ameerikaa keessa jiraatanii fi lammiilee Eeshiyaa Ameerikaa keessa jiraatan waliin walitti dhufeenya jalqabanidha.

Barruulee maxxanfaman kana keessaa waa'een labsii waliigalaa kan mirga dhala namaa mirga mootummootaa qofa osoo hin ta'iin fi suuraa, xalayaa fi hojiin harkaa fakkii kaasuu mirga dhala namaa kabajuu fi eeguu keessatti gumaacha ol'aanaa qaba. Injifannoo fi gumaacha isaan fidan keessaa gurraachonni Ameerikaa (Lammileen Afrikaa Ameerikaa jiraatan) galata guddaa Ameerikaaf bakka waraanaatti du'uudhaan oolan kanaaf jecha biyya Ameerikaa keessattis mirgi lammuummaa akka kennamuuf dhiibbaa fidan. Dabalataanis biyyoonni Awurooppaa diimokiraasiin akka bulaanii fi birmadummaa argatan isaan taasise.

1.3. Seroota Bu'uuraa Barnoota Aad-heddee

Seerota bu'uuraa barnoota aad-heddee yeroo jennu, mana barnootaa barattoonni garee hawaasaa, aadaa, gosa, sanyii, qomoo, afaan, seenduubee fi k.k.f garaagaraa keessaa walitti dhufanii yommuu bakka tokkotti baratan qabiyyeen barnootaa, malli baruu fi

barsiisuu, sirni barnootaa fi k.k.f irratti ka xiyyeeffatu dha. Barnoota aad-heddee keessatti seerotni bu'uuraa armaan gadii jiraachuu malu.

- Qabiyyeen yoommuu filatamu kan aadoolee hedduu of keessatti hammachuu danda'u ta'uu qaba.
- Qabiyyeen filatame gareewwan gidduutti tokkummaa fi garaagarummaa mul'atu bakka bu'uu danda'uu ta'uu qaba.
- Qabiyyeen filatame yeroofi bakkaan wal simuu qaba (kan wal hin dhiinne ta'uu qaba).
- Yaadni danuummaa aadaa guutummaa sirna barnootichaa keessatti hammatamuu qaba.
- Dhimmi qabiyyee filatamee hawaasa bu'uureffatee kan qophaa'uufi jijjiiramuu yookaan fooyyeeffamuu kan danda'u ta'uu qaba.
- Haalli barsiisuu gosa barnootaa hundaafuu muuxannoo fi beekumsa barattoota daree guutuu irraa kan madduufi irratti kan ijaaramu ta'uu qaba.
- Malli baruu barsiisuu kan barattoota hunda giddu galeessa gadhateefi hubannaa barattootaa saffisiisu ta'uu qaba

Gama biroon immoo seerotni barnoota aadaa danuu gama yaada xiinsammuu, akka siyaasaattii fi akka falaasamaatti maal akka fakkaatu haala armaan gadiitiin ilaaluu dandeenya.

a. Akka xiinsammuutti:

Mana barnootaa tokko keessatti baraattoota garee adda addaatu argama. Fakkeenyaa gaaree saalaa, qoomoo, sanyii, bifa, saba, gosa, afaan, aadaa fi k.k.f. daree barnootaa keessattis ta'e, naannoo mana barumsaatti dhimmoota armaan olitti caqasaman ilaalchisee yaadni kan isa tokkoo faarsee yookaan leellisee kan isa biraa ceepha'u barattoota kana giddutti ka'uu hin malu. Fakkeenyaaf, koorniyaa ilaalchisee, dhimma barnootaatiin wal qabatee;

- *Shamarran*: mana barnootaa sadarkaa gadaanaa keessatti dandeettii dubbiitiin warra dhiiraa ni caalu, gama saayinsii fi herreegaatiin immoo wal qixa. Yeroo dargagummaa isaanii waa'ee bareedina isaaniif baay'ee dhiiphatu. Uumamaan dhiirota caalaa yaadda'u. Yeroo ulfaa'uu fi heerumuu ni yaadda'u. Akka warra dhiiraa yeroo isaanii ispoortiitti hin dabarsan.
- *Ijoollee dhiiraa*: Yaada oftuulummaatuitti baa'ata. Shamarraan caalaa callisoodha. Yaadni ijoolleen dhiiraa shamarran ni caalu jedhu rakkina irraan gaheera. Akka

warra shamarranii walitti dhufeenya hin qabani. Hawaasni mataa isaa akka cimootti lakka'uu fi k.k.f

Rakkoon gama koorniyaan jiru kun immoo karaa lamaan baysiisaa irraan rakkina geessisuu dandaa'a.

1. Waa'een koorniyaa sirna barnootaa keessatti hin mul'atu. Yoo jiraatellee odeeffannoo gahaa hin kennu.
2. Ijoolleen shamarranii kutaa keessatti waan hirmaannaa guddaa hin gooneef barsiisaan xiyyeeffannoo itti hin kennu. Kanaafuu rakkoolee kanneen hiikuuf kutaa keessatti walqunnamtii barataa fi barsisaa gidduu jiruufi sirna barnootaa gidduu jiru irratti xiyyeeffannoon jiraachuu ni mala.
3.

b. Akka siyaasaatti:

Jijjiiramni siyaasaa tokko aadaa tokko akka jirutti tursuu yookaan balleessuu ni danda'a. Sabaafi sab-lammiin kamiyyuu walqixxummaan jiraachuutuu irraa eegama. Kanaaf, sabni tokko abbaa aadaa isaa fi abbaa qabeenyaa isaa ta'uu i gahaa hin ta'u.

- Aangoo siyaasaa keessatti iddoo olaanaa qabachuu qaba.
- Ajajamuu qofa osoo hin taane ajajuus danda'uu qaba.
- Manneen barnootaa karaa nagaatii amanamuummaa isaa giddisuuf aadolee jira gargaaruu yookaan dhorkuu ni danda'u.

Kanaaf, barnoota daree keessatti waa'ee barmaatilee aadaa saba biro osoo barattoota keessatti jibbinsa hin uumiin barsiisuufi aadaa ofii isaas akka baratan gochuun kaayyoo barnoota aad-heddeeti. Kanaafuu aadaa mul'ataa (visible culture) fi aadaa hin mul'anne (invisible culture) kan sabaafi sab-lammii garaagaraa barsiisuun akka isaan jaalalaan waliin jiraataniif bu'aa guddaa qabaachuu dandaa'a.

Aadaa danuu ilaalchisee walitti bu'insi jiru gama garee aadaalee muraasaa (non dominant cultural group) dhimmoota kanneen akka beekamtunumaa, fudhatama fi tumsa argachuu akka qaban gama siyaasaatiin kaasu. Kun immoo kan ka'uu danda'eef haawaasa dimookiratawaa keessatti tumsa namni dhuunfaa tokko garee hawaasaa waliin argachuu qabu maal fa'i? Gaaffii jedhu irraa kan ka'edha. Gaaffii kanaafis akka furmaataatti kan taa'uu danda'u walabummaafi walqixummaa akka lammii tokkootti eeggachuu dhaaf fedhii gareewwan biroofis xiyyeeffannoo kennuun barbaachisaa akka ta'e dha. Kanarraa

kan ka'e hawaasni, maaltu walitti nufida? Akka namaatti ykn akka lammii tokkootti qooda akkamii qabna? Fi k.k.f hunda raawwata.

Walumaagalatti yaadolee armaan olii kanaaf deebiin bifa faallaatiin yoo dhiyaate garaa garummaa siyaasaa uumuun isaa waan hin oolledha.

c. **Akka falaasamaatti:**

Barnoonni aadaa danuu akka falaasamaatti gaaffilee armaan gadii kaasuu yaala

- Aadaa danuu yaada jedhu maaltu fide?
- Eenyummaan aadaa, eenyummaa namaa dhuunfaa waliin walitti bu'insa ni uumaa?
- Aadaa danuu sirna barnootaa keessatti bakka akkamitti galchuu qabna?
- Yaadrimeen kun ofitummaa hambisuu danda'aa? Fi k.k.f kaasuu danda'a.

Gaaffilee armaan olii kana yeroo dubbisan, isaan deebisuuf ykn furmaata itti barbaaduuf namoota hedduu hawaasa keessaa akka hafeerru taasisu. Yaada namoota garaagaraa irraa dhiyaatus xiyyeeffannaa keessa galchuu qabna.

Haaluma walfakkaatuun, barnoonnii aad- heddee yaada bal'aa fi ilaalcha garaagaraa fi dameewwan bu'aa garaagaraa of keessaa qaban hammachuun, barnoonni nama hundaaf walqixxummaan akka kennamu mirkaneessuudha. Kanaaf beektoonni dameewwan kanneen hojii irra oolchuun manneen barnootaa fooyyeessuuf akka qajeelfamaatti fudhachuu qabu. Dameewwan kunninis;

- ✓ Qabiyyee walitti fiduu(content integrations)
- ✓ Adeemsa ijaarsa beekumsaa(Knowledge construction process)
- ✓ Tas-jibbinsa xiqqeessuu(Prejudice reduction)
- ✓ Barnoota walqixxummaa kennuu (An equity pedagogy)
- ✓ Aadaa mana barumsaaf dursa kennuu(An empowering school culture)
- ✓ Mana barumsaa akka caasaa hawaasaatti(The school as a social system)

Gaaffiilee madaallii kutaa Tokkoffaa

wantoota kutaa darbe keessatti ilaalte irratti hundaa'un gaaffilee armaan gaditti siif dhiyaatan hunda hojjedhu.

1. Akka falaasamaatti dameewwan barnoota aadaa danuu akka qajeelfamaatti fudhatamuu qaban maal fa'i?

   _____

   _____

   _____

   _____

2. Seenaa barnoota aad-heddee (seenaa barnoota aadaa danuu) gabaabsii ibsi.

   _____

   _____

   _____

   _____

3. Seenaan barnoota aadaa danuu irra caalaatti maaliif Ameerikaarratti xiyyeeffate sitti fakkaata?

   _____

   _____